



Akka Kiristaanaatti Deddeebi'uu

Mark McGee tiin

Boqonnaa

Tarkaanfii 1 3

Tarkaanfii 2 9

Tarkaanfii 3 15

**Ilaalcha “Ati Waaqarra
Jirta!” Jedhu 22**

Tarkaanfii 1

Akkam bulte! Torbee kana kan nuti ilaallu yoo jiraate **duuka-buutuu** kristoos ta'uu keessatti waan barbaachisaa isa adda biraadha. Yesus jalqaba duuka-buutonni isaa akka isa **duukaa bu'aniif** waame. Kana jechuun Phexiroos, Indiriyaas, Ya'iqoob Yohannisii fi bartoonni biroon isaa wajjin deddeebi'a turan – isaan adeemsa Kristosiin duukaa bu'uu keessatti qaamaan **tarkaanfii fudhachaa** turan. Kun immoo wanta nuti torbee kana keessaa ilaallu – tarkaanfii Kristosiin duukaa bu'uuti.

Nuti waangeelota dubbifachuu irraa kan barannu bara tajaajila isaa lafa kana irraa kumaatamni Kristosiin duukaa bu'aa turan. Isaan fayyuu fi sooramu jaallatu turan. Isaan yaada Kristos argachuudhaaf ni iyyuu akkasumas ba'anii isa barbaadanii kafana isaa tuquudhaan fayyina dinqisiisaa isa warri kaan fudhatan argachuu fedhu. Haa ta'u iyyuu malee kumaatamni kun yeroo Kristos fannifame eessa turan? Duuka buutonni isaa eessa turanii? Hedduun kumaatama kana keessa yeroo Yesus barnoota nama quuqu barsisu itti amana ykan aadaa amantaa isaai wajjin walitti araarsuu irra isa irratti ka'an. Kaan jireenya isaanii Kristosiin ala jiraachuudhaaf manatti deebi'an. Hedduun tuuta biroo keessa dhaabachuudhaan yeroo inni fannoo baatee daandii Yerusaaalem irraa gara Golgootaati adeemu qoosaa fi ga'iisaan isa geggeessan. Duuka-buutonni warri isatti maxxanan illee isa dhiisan. Isaan yeroo inni qabame isa gatanii baqatan. Pheexiroos illee akka isa hin beekne si'a sadii gane. Yihuudaan qarshii fudhatee Yesus isa kam akka ta'e loltoota Roomaatti erga agarsiise booddee

of lubbuu isaa balleesse. Namni egeree abdii qabutti deemu xumura gaddisiisa godhate.

Namoota yeroo qofatu tarkaanfii barbaachisaa isa karaa hundaa gara fannoo Kiristoositti nama geessu irra adeema.

“Fannoo Yesus bukkees haati isaa, obboleettiin haadha isaa, Maariyaam haati manaa Qilophaa, Maariyaam isheen Magdalaas, in dhaabatu, turan. Yesus yeroo sanatti haadha isaa, bartuu isa inni jaallates ishee bukke utuu dhaabatuu argee, haadha isaatiin, "Haadha koo, ilaa ilma kee!" jedhe. Ergasii bartuu sanaan immoo, "Ilaa haadha kee!" jedhe; bartichi yeroo sanaa jalqabee gara mana ofii isaatti ishee fudhate..”

Yohannis 19:25-27

Yohannis duuka-buutuu isa Yesus in jaal'ata tureedha. Inni sa'atii murta'aa dura loltoonni Roomaa qabuu dhufnaan isa dhiisee baqatee ture. Garuu dhumarratti murtoo inni fudhate Gooftaasaa wajjin ta'uun tarkaanfii barbaachisaa ta'usaa kun immoo xumura abjuu ture. Yohannis haadha fi adaadaa Yesus akkasumas Maariyam Maqdelaa – dubartii Waaqayyo jireenya ishee keessatti barte ta'anii bakka fannoo dhaabatee ture (Luqaas 8:2). Isaan achi turan, arfan isaanii Yesus dhiigasaa isa jireenya kennu yeroo inni dhangala'u daawwachaa turan. Yeroo isaan eegaa turan Yesus maal isaaniif godhee? Inni egeree harmee isaaf dhimmamee – “Yeroosanaa kaasee bartuun sun ishee mana isaatti fudhatee gale.” Yeroo warri kaan waa'ee isaanii yaadaa turanitti, Yesus waa'ee warra kaanii dhimmaa ture. Kun waan Waaqayyoo hojjetuudha. Inni kennaa kabajaa isa hundumarra caalu warra isa duukaa bu'an – karaa gara fannootti geessuuf kenna.

Kanafuu, akkamiin adeemsa KIRSTAANA deemna? Tarkaanfiin keenya inni jalqabaa **amanuudha**. Ergamaa Phaawulos akkuma deebii salphaa fi humna qabeessa gafii nama du'atti deemuun gaafatameef deebisuuf jedhutti baay'ee – “isaan kan jedhanii, Gooftaa Yesus Kristositti amani ati fi maatiin kee in fayyitu jedheen.” (HEr. 16:31) jechi “amanu” jedhu Afaan Giriikii (*pisteuo*) keessatti jecha jaba. “Kana jechuun guutummaatti yaada irra kaa'achuu, qusii malee amanachuu, irratti of-gatuudha.” Yesus Kristositti amanuun jechuun jiraachuu isaatti amanuu jechuu miti. Namootni kumaatamni Yesus ituu barsiisuu, lallabuu, fayyisuu fi dinqii hojjetuu arganiiru. Isaan jiraachuu isaatti ni amanu. Garuu namoota lakkoofsaan yartuu ta'an guutummaatti akka isa amanatan nuti beekna.

Nama “Gooftaa Yesus Kristositti amanu” fi fayye irratti maaltu ta'a? Macaafa Qulqulluun kan dubbatu Waaqayyo cubbuu isaaniif in **dhiisaaf** akkasumas “sadarkaa sirrii” irra fuulasaa dura isaan ka'a. Kakuu Haaraan jecha **qajeelaa taasise** jedhu fayyadama. Jechi Giriikii *dikaioo* jedhu kana jechuunis “amanuun qajeeluuf, nama qajeelaa ta'uuf.” Kun jecha mana seeraa fi kan adeemsa firdii keessatti gargaaramaniidha. Eenyu inni nama hundumaatti faradu? Inni waan sirrii fi waan doggoraa giddutti gargar baase dhaddacha irratti mura. Waanti Waaqayyo dubbatu dhaabatee hafa. Kanaafuu inni waa'ee qajeelummaa namootaa maal jedha? Namni qajeelaa tokko illee hin jiru, “Caaffanni qulqulla'aan, ”Namni qajeelaan hin jiru, lakkii, tokko illee hin jiruu. Namni tokko iyyuu hin hubatu, namni tokko illees Waaqayyoon hin barbaadu.” (Roomaa 3:10-11) abban murtii namoota hundaa waa'ee cubbamootaa akkas jedha: “Ammas seerri waanuma jedhu, warra seera jala jiranitti akka dubbatu nuyi in

beekna; kanas nama hundumaa afaan qabachiisuudhaaf, guutummaa biyya lafaas firdii Waaqayyoo jala galchuudhaaf in dubbata. Egaa nama kan ta'e tokko illee wanta seerri nama irraa barbaadu gochuudhaan Waaqayyo duratti qajeelaa hin ta'u. Seerri cubbuun maal akka ta'e nama hubachiisa.” (Roomaa 3:19-20)

Ergaansaa abdi dhabeessa; addunyaa guutuunis waaqayyoon duratti yakkamaadha. Ah, but kun bakka xumurasaa mit. Dabalati jira! Dubbisi - “Amma garuu karaa seerichaa utuu hin ta'in karaan namni ittiin qajeelaa ta'u Waaqayyo biraa mul'ateera; seerrii fi raajonni karaa kanaaf dhugaa ba'aniiru. Namni Yesus Kristositti amanuudhaan fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa in ta'a; kana irrattis warra amanan hundumaaf garaagarummaan hin jiru. Hundinuu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoos isaanitti hir'ateera. Isaanumti immoo ayyaana Waaqayyoo isa karaa furii Yesus Kristos tola isaaniif kennameen, qajeelota in ta'u. Inni dhiiga isaa dhangalaasee du'uudhaan warra isatti amananiif mi'a araaraa haa ta'uuf, Waaqayyo isa dhaabe. Waaqayyo ofii isaa qajeelaa akka ta'e mul'isuudhaaf kana godhe; obsa isaatiinis cubbuu namoonni kanaan dura hojjetan irra darbeeraaf. Bara sanaattis Waaqayyo qajeelummaa isaa argisiisuuf inni ofii isaa qajeelaa ta'uu isaa, nama Yesusitti amanus qajeelaa gochuu isaa mul'iseera. Egaa maaliin of jajna ree? Waan ittiin of jajnu tokko illee hin qabnu, seera maaliitiin dhaabsifna? Akka abboommii seeraatti hojjechuudhaanii? Waawuu, akka abboommii amantiitti jiraachuudhaan malee. Namni waan seerri abboomu hojjechuudhaan utuu hin ta'in, amanuu duwwaadhaan Waaqayyo duratti qajeelaa akka ta'u cimsinee in barsiifna. (Roomaa 3:21-28)

Waaqayyo qajeelummaasaa “seera kennameen ala” mul'ise! Seeraa

fi raajonni dhuga baatota qajeelummaa Waaqayyoo isa kara sanyii nama, “karaa amanti Yesu Kristos” isa mul’atetti. Ilmaan namoota Waaqayyoo duratti yakkamtoota - “Hundinuu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoo isaanitti hir’ateera.” Akkamiin Waaqayyoo cubamoota ta’uu keenya ilaalaa nu simatee fuuldurasaa “gara mirgasaa” nu dhaaba? Nuti tola “karaa ayyaanasaa karaa furii isa ta’e Yesu Kristosiin qajeelota taane.” Yesu nu furuuf maal hojjete? Inni fannooratti du’e – “nama Waaqayyoo dhiigasaan fure cubbuutti hiike.” Mee akka waan dhaddachara jirtutti of-ilaali, nama firdiin du’a sababa yakkaaf itti murtaa’e. abbaan seera si ilaalee akkas jedha, “yakki,” isa booda teessoo firdiirraa ka’ee, uffatasaa baasee, si cina deddeebi’aa si bira dhaabbata, “an siifan du’a. yakka keef jedhe addabbiin fudhadha kanaafuu ati birmaduu taatee jiraachuu dandeessa. Kun waan Waaqayyoo nuuf raawwatameedha. Inni yakkamtoota ta’uu keenya dubbatee, isa booda teessoo isaa samii keessa dhiise, Uffata Mootummaasaa baasee, gatii cubbuu keenyaa kaffaluuf du’e. Sababa Yesu kana nuuf raawwateef, nuti amantiidhaan **fuula Waaqayyoo duratti mirgasaa dhaabanne** — “Bara sanaattis Waaqayyoo qajeelummaa isaa argisiisuuf inni ofii isaa qajeelaa ta’uu isaa, nama Yesusitti amanus qajeelaa gochuu isaa mul’iseera.”

Nuti “akka Kiristaanaatti deddeebi’uu” keenyaan dura “akka Kiristaanaatti dhaabbachuu” qaba. Jiruun salphaan kan amanti, Gooftaa Yesu Kristositti amanuun, “dhaabbii sirrii” fuula Waaqayyoo hunda danda’u dura nu dhaaba. Haala kanaan nuti hordoftoota, duuka-buutuu Yesu Kristos – Kiristoos waliin dhaaltuu – ijoollee Waaqayyoo taane. Altokko fuula Waaqayyoo dura dhaabbachuu dandeenyeerra, amma immoo isa duukaa-bu’uuf tarkaanfii fudhachuu

qabna.

Dhaabbiin kee Waaqayyoo wajjin qabdu eessa? Fayyuuf amantii kee fi hirkannoo kee Yesus Kristos qofaarra keyyateettaa? Yoohin dubbisne ta'e deebisii luqqisa armaan olii dubbisi. Hundumtuu **amantiidhaan** eegalame – garuu “Amantii malee immoo Waaqayyoon gammachiisuun hin danda'amu. Eenyu illee Waaqayyootti dhi'aachuu yoo barbaade, inni akka jiru, warra isa barbaadaniifis gatii isaanii akka kennuuf amanuun isa irra jira.” (Ibroota 11:6) achitti amma eegali. Amantii fi of-kennuu kee Yesus irra godhadhu. Waaqayyo maal hojjechuufi? Inni cubbuu kee siif dhiisuu fi jireenya barabaraa siif kennuufi. Gooftaa Yesus Kristositti amani atis in fayyitaa!

Yoo ati amanaa taate, tarkaanfiin jalqabaa adeemsa kiristaanaa eegaluudha.

Tarkaanfii 2

Akka Googiliitti “Kiristanummaan” irraa kan hubatu namoonni kirstaana jedhani of-waaman biliyoona 1.5 hanga biliyoona 2.1 ta’u. hubannoo kan biran immoo lakkofs kiristanota armaan olii kun bakka mana amantaa 34,000 ti qoodama. Kun immoo wal hin dorgomu. Uumatni biliyoona 2 addunyaa kanaa 1/3 ffaa addunyaa kana kan yeroo ammaa ta’u. Kun immoo waan agartuu irraa dhugaa ta’ee sitti hin mul’atuu? Biyyoota adunyaa kana keessaa sadarkaa olaanaan beekaman kan akka United States akka gabaastutti biyyi $\frac{3}{4}$ biyyicha Kiristana ta’uu isaanii himatu. Torbeetti kirstanota meeqaan wal agarta? Wa’ee mana amantaa hanga 34,000 qoodaman kun kirstaana jedhanii of-waamuu? Kun hin hin gitu. Akka wangeela arfanitti, Yesus duuka-buutonni isaa “tokko” akka ta’an yaadee akkuma anii fi Abbaan “tokko” taane

Akkan yaadutti dhugaan ofiin dubbachaa jira. Har’a duuka-buutotni Yesus Kristos biliyoonni 2 addunyaa kanarra hin jiran – yeroo hiika duuka-buutuu isa kan Yesus hordofnu. Ituu duuka-buutuun biliyoona 2 addunyaa kanarra jiraatanii, yoonaa yoo xiqqaate kiristaanota dachaa lama duuka-buutuu biliyoona 4-5 kan ta’antu argama. Namoonni biliyoona 2 ituu ardii kanarra akka KIRSTAANAATTI deddeebi’anii yoo xiqqaate namoota hin fayyin biliyoona 2-4 kan ta’an guyyaa guyyaatti amanuu danda’u turan. Karaa kamiin iyyuu ameerikaa 4 keessaa 3 dhugaatti duuka-buutuu Yesus Kristos hin taane. Ituu kun dhugaatti duuka buutu ta’aniiru ta’e, silaa gadi bu’insa

naamusaa fi hafuuraa keessa hin darban turan kanaan dha'icha jela waggaa 50 darban hin jiraatan ture. Nuti garaa tokkoon Waaqayyoof qabaachuun biyyaaf ifa fakkeenyummaa ta'uu dandeenya. Waan biraan immoo, ituu namooni biliyoona 2 duuka-buutuu Yesus Kristos ta'ani, duuka-buutuun dhugaa addunyaa kanaa mana amantaa 34,000 hin qoodaman ture. Akkamiin duuka-buutuun kiristaanaa ituu Gooftaa fi fayyisaa jedhanii isaan waaman kan inni **abboome** “tokko” akka ta'an akkuma inni Abbaa isa waaqarraa waliin “tokko” ta'e, silaa garaa garummaa kanaan geggeessuu itti fufuu? Dhugaansaa lakkofsa sirri isa duuka-buutonni kiristaanaa addunyaa kanaa lakkoofsa isa interneetii irra argannuu gadiidha

Kanaafuu, maaltu isaan kana Kiristaanota jechisiisee waamsise? “Akka Kiristaanaatti deddeebi'uu” jechuun maal jechuudha? Qo'annoo Wixataatti akkuma ilaalle, akka Kiristaanatti deddeebi'uu keenyaan dura, akka Kiristaanaatti **dhaabbachuu** qabna. Dhaabbiin keenya Waaqayyo duratti godhannu **amantii isa Kristos fannoo irratti raawwateedha**. Yesus hundumasaa kaffaleera, hundumasaa nuuf hojjeteera. Nuti Waaqayyoon bira iddoo dhaabbii sirrii (qajeelummaa) dhaabbachuu dandeenyeerra sababisaas Yesus cubbuu keenyaaf jedhe du'e kana nuuf rawwateera. Jalqaba nuti ni dhaabbana, itti aansuudhaan ni adeemna. Kun tarkaanfii 1^{ffaa} dha.

Tarkaanfii 2^{ffaan} akka Kiristaanaatti jiraachuudha – waanti nuti yeroo hundaa jireenya keenya keessatti Waaqayyoon tajaajiluuf raawwannuudha. Kiristaanni filannoo Kristosiif jiraachuu fi jiraachuu dhiisuu filannoo qaba, garuu hin godhamuuf malee. Gama keenyaan filannoon kana keessa hin jiru. Waaqayyo nu fileeraa. Yesus dhiigasaan nu biteera. Nuti kan Waaqayyoti.

“Dhagni keessan mana qulqullummaa hafuura qulqulluu isa isin keessa jiru ta'uu isaa hin beektanii ree? Hafuura kanas Waaqayyo biraa argattan; mana qulqullummaa hafuura isaas erga taatanii, isin kan ofii keessanii miti. Waaqayyo gatiidhaan isin bitate; kanaaf guutummaa dhagna keessaniin waan inni ittiin galateeffamu hojjedhaa!” 1 Qoronxoos 6:19-20

Phaawulos jechoota kana kan inni walqabsiise haala cubbuu wal-quunnamtii saalaa isa aadaa halalee isa waaqeffannaa warra waaqolii waaqessanii wajjiniin wal-qabsiisee dubbate. Waaqayyo saal-quunnamtii ilaalchisee duuka-buutuun Ilma isaa akka isaan gaa'iila qofaan tokkooman fedha. Tokko ta'uun namni lama qaaman, sammuu fi hafuuraatti wal-bira ga'uudha. Haala sana keessatti, Phaawulos kan inni nutti himu nuti “mana qulqullummaa Hafuura Qulqulluu isa isin keessa jiruutti” jecha jedhuun ture. Akka duuka-buutota waaqolii hormaa isaan kan mana qulqullummaa kan deeman halalee mana waaqeffannaa sanaa wajjiin wal-qunnamtii xuraa'aa, Kiristaanoti kanarraa hubachuu kan qaban walitti dhufeenya isaan Hafuura Qulqulluu isa kan Waaqayyoo qabaniidha. Inni nu keessa jiraata fedha isaan ala nuti jireenya keenyaaf eenyuu wajjin illee tokkoomuu hin qabnu.

Phawulos kan jedhu nuti kan keenya akka hin taanee fi gatiidhaan akka bitamneedha. Gatiin sun maalii? Dhiiga aarsaatii, du'a Yesus Kristos, Ilma Waaqayyooti. Gatiin isa Waaqayyo ittiin nu biterra kan caalu hin jiru. Nuti isaaf gati qabeessa. Waaqayyo nu jaallata, nu biteera, kansaa nu godhateera. Nuti garbootasaati – hojjettootasaatis.

Garbootaa? Nuti Waaqayyoof garboota miti. Lakkii? Yoos immoo

kana jechuun maalii?

“Inni gooftaa wajjin walitti maxxane immoo hafuuraan isaa wajjin tokko in ta'a. Halalummaa baqadhaa! Cubbuun namni hojjetu keessaa warri kaan hundinuu dhagna namaa hin tuqan; namni halaleen garuu dhagna isaatti cubbuu hojjeta. Dhagni keessan mana qulqullummaa hafuura qulqulluu isa isin keessa jiriu ta'uu isaa hin beektanii ree? Hafuura kanas Waaqayyo biraa argattan; mana qulqullummaa hafuura isaas erga taatanii, isin kan ofii keessanii miti.” Roomaa 6:17-19

Hiikoon tokko tokko bakka “garbicha” jedhu “hojjetaa” kan jedhu gargaaramu, garuu kun hiikoo jecha Girikii isa *doulos* jedhuuf hiika nuuf hin kennu. Kana jechuun “nama to’annaa jala jiru, nama bittaa isa nama biraa jala jiru, nama fedha nama isa tokkoo jala jiraatuu” jechuudha. Namn akkasii kun nama birmadummaan jiratu waan hin turreef namn kun ergisaan dhufee deemaa maatii kan biraaf hojjetaa akka isaan gammachiisutti jiraata. Namichi akkasii kun garbicha ture. Phawulos akkas jedha “nuti qulqullummaaf garboota qajeelinaati!” Yaadadhu kana nuti bakka dhaabbii sirrii fuula Waaqayyoo duraa? Kun isa Phawulos qajeellumaan ququllummaaf jedhee barreesseedha. Nut “garboota” kun immoo fuula Gooftaa duratti iddoo sirriidha. Yesus gatii nuuf kaffale kanaafuu nuti kansaati; nuti garbootasaati.

Garba Kristos ta’uun waan gadhee miti. Dhugaa dubbachuuf kun baayyee gaariidha. Phawulos nuti garba cubbuu – garba xuraa’ummaa – garba al-seerummaa akka **turre** nu yaadachisa. **Amma** garuu garba qajeelummaati. Ani guyyoota turban keessaa hundaatti nan daldala.

Kiristaanni sirriitti gaarummaa gochaa kanaa beeka. Garba qajeelummaa fi kan cubbuu wal-bira qabnee ilaala.

“Garboota cubbuu yommuu turtan, qajeelinaa fi abboomamuu jalaa baatanii turtan. Egaa hojiin keessan yeroo sanaa ija attamii kenne ree? Ija inni kenne sanatti amma yeella'aa jirtu; wanti kun hundinuu gara dhumaatti du'atti in geessa. Amma garuu cubbuu jalaa luba baatanii hojjetoota Waaqayyoo taataniittu, kunis qulqullummaadhaaf ija isiniif godhata, gara dhumaattis jireenya bara baraatti in geessa.” Roomaa 6:20-22

Xumurri garba cubbuu ta'u **du'a**. Xumurri garba Waaqayyoo ta'u **jireenya** bara baraati. Wal-jijjiirraa gaarii miti hin jettaa?

Al-tokko erga Waaqayyoo kansaa erga nu taasisee, nuti garboota Waaqayyooti, jireenya Kiristaanaa jiraachuunis salphaa ta'a. Waaqayyoo kan jedhu – ni jiraanna. Kun duuka-buutummaa qodaa ciilalluu keessaati. Waaqayyoo nu irraa maal barbaadaa? Phawulos kallattiidhaan nutti hima.

“Obboloota nana! Kana irraa kan hafe immoo Waaqayyoon gammachiisuudhaaf attamitti jiraachuun akka isin irra jiru barumsa nu irraa argattiniittu; akkuma amma itti jirtan iyyuu caalchiftanii akka itti fuftan maqaa Yesus gooftaatiin isin in kadhanna, isinin gorsinas. Waan gochuun isiniif ta'u maqaa gooftaa Yesusiin gorsa akka isiniif kennine in beektu. Waaqayyoo halalummaa irraa fagaattanii qulqullummaatti jiraachuu isin irraa in fedha. Dhiirri adduma addaan haadha manaa qabaatee qullaa'ummaa fi ulfinatti dhagna isaa

eeggachuu haa beeku! Akka saba warra kaanii warra Waaqayyoon hin beeknetti kajeel1aa dhagnaatti, hawwa isaattis of hin kenninaa! Egaa namni kana irra darbee dubbii kanatti hiriya isaa hin gowwoomsin; gooftaan warra balleessaa akkasii hojjetan in adaba jennee duraan dursinee isinitti himneerra, dhugaa isinitti baaneerras. Xuraa'ummaatti utuu hin ta'in, qullaa'ummaatti akka jiraannuuf Waaqayyo nu waame. 8 Egaa namni gorsa kana tuffatu, Waaqayyoon isa hafuura isaa qulqulluu isiniif kennu tuffata malee, nama tuffata miti.” 1 Tasaloniiqee 4:1-8

Fedhi Waaqayyo akka nuti **qulqulloofnuudha**. Jecha gudda – maal jechuudhaa? Afaan Giriikiitiin *hagiasmos*, “tajaajila qulqulla’aadhaf adda of-baasuu.” Jecha Phaawulos kana Tasaloniiqee fi addunya warra ormaa dafanii hubatuun. Waanti qullaa’e tokko mana ququllummaa waaqoliif adda baafamee “fedha” Waaqoliif oola (kan akka muka fi dhagaa irraa tolfama) Warri Yihuudiis kan hubatan jecha tajaajila Waaqa Ibrootatiif isa mana Ququllumma keessatti ta’uudha. Fedha Waaqayyoo jireenya keenyaaf – Achitti kan qabaannuudha. Tajaajilli qula’aan sun maali?

- Cubbuu sal-qunnamtii xuraa’aa irraa of-qusachuu
- Akkamiin qodaa qulqullummaa fi kabajaa akka itti ta’anii fi kajeellaa fooniitiin guggubachuu irraa ittiin fagaatan namni hundinuu beekuu kan qaban
- Eenyu iyyuu carraa obboleessaa gowwomsuun fudhachuu hin qabu.

Kun maaliif Waaqayyoof barbaachisaa ta’ee? Waaqayyo xuraa’ummaaf nu hin waamne, garuu qulqullummaadhaafi. Duuka-

buutuun Kristos isa Kristositti siquudhaan isa duukaa bu'uu, isa irraa baruu, waan inni jedhe raawwachuudha. Ituu Kristosiin duukaa bu'aa turree, inni xuraa'ummaarraa nu waamu ture. Inni jireenya qulqulluu isa gammachiisu akka jiraannuuf nu waama kun immoo waan nuti yeroo hundaa hamma mana keenyatti gallutti raawwachuu qabnuudha.

Tarkanfii 3

Waanti xiqoon boqonnaa kana keessatti adda ta'e jira – kuta kana print godhattee harkatti qabachuu dandeessa. Fayidaasa atu arguuf jirta.

Akka Kiristaanaatti deddeebi'uu keessatti kun tarkaanfii isa xumuraatti

Waan guddaan ati jireenya keessatti barbaaddu maalii? Jaalalaa? Beekamuudhaa? Carraadhaa? Fayyaadhaa? Ijoolleedhaa? Umurii dheeraadhaa? Waa'ee waaqarraawoo? Yoo Kiristaana taate, gara Waaqaa deemta! Inni saddafaa fi tarkaanfiin inni xumuraa adeemsi Kiristaanaa **ulfina**.

Yaadni “ulfina” jedhu jecha Ibrootaa *kabed* jedhuu fi doxazo jecha afaan Girirkii irraa madde. Jalqaba, kan Ibrootaa:

“Isin warri sagalee isaa dhageessanii hollattan, dubbii Waaqayyoo dhaga'aa! Waaqayyo, "Obbolloonni keessan warri maqaa kootiif jedhanii isin jibbanii, tokkummaa isaanii keessaa isin baasan, warri, 'Mee Waaqayyo haa galateeffamu! Nus gammachuu keessan in argina' jedhanii isinitti ga'isan in yeellaasifamu.” Isaayaas 66:5

Jechi *kabed* (*kabod*) jedhu “ulfaataa” jedhame hiikama. Jechi kun bara Kakuu Moofaa keessatti ulfaatina **kabajaa** nama fi iddoo ykn sabaaf qaban mul'isa. Jechi kun yaada “bu'a-qabeessa” ta'uu beeksisa.

Jecha ibroota isa kan biraa “ulfina” jedhamee hiikame *ga’ah* jedhama. Kana jechuun “ol-aantummaa, kabaja, ulfaatoo” museen jecha kana Macaafa Seera Ba’uu keessatti gargaarameera.

“Yommus Museen, Israa'eloonnis, Waaqayyoon jajatanii in faarfatan; "Waaqayyo mo'uu isaatiin guddaa ol jedhaa dha! Kanaaf ani isa nan faarfadha; inni fardeen, abboota fardeeniiis galaana keessa buuseera!" Seera Ba’uu 15:1

Jechi afaan Giriikii *doxazo* kan dhufe *doxa*, irraa yeroo ta’uu akan jechuunis “tilmaamuu” fi Yaada wayyu dhiyeessuudha. *Doxazo* jechuun “ulfeessuu, galateeffachuu fi kabaja laachuudha.” Kun akki inni itti hubatamu nama tokko gudisuu, ol-qabuu, galateeffachuu, kabajuu fi ulfeessuu ta’uusaatti. Tuutti Yesus yeroo fayyisu ilaalaa ture waan arge irraa kan ka’e Waaqayyoof “ulfina kennaa” ture

“Kamtu salphaa dha? Cubbuun kee siif dhiifameera jechuu moo yookiis ka'iitii adeemi jechuu? Garuu ilmi namaa lafa irratti dhiifamuu cubbuu kennuudhaaf aboo akka qabu beekaa!" isaaniin jedhe. Isa dhagni isaa gar tokko du'een immoo, "Ka'iitii siree kee fudhadhuu mana keetti gali!" jedhe. Namichi yommus ka'ee mana isaatti gale. Namoonni kana yommuu argan in na'an, Waaqayyo isa aboo akkasii namootaaf kenneefis hooqubaa dhi'eessan.”
Matewos 9:5-8

“Tuuti sonaan baay'een immoo warra hokkolan, warra jaaman, warra kottaa'an, warra arraba didaa akkasumas kan biraa baay'ee fidanii dhufanii, miilla Yesus jala kaa'an; yommus inni isaan in fayyise. Tuuti sun immoo, warri arraba didaa akka dubbatan, warri

kottaa'an akka fayyan, warri hokkolan akka asii fi achi adeeman, warri jaaman akka argan hubatee in raajeffate; Waaqayyo gooftaa Israa'eliif immoo hooqubaa dhi'eesse.” Matwos 15:30-31

“Achumaan inni du'ee ture ol jedhee taa'ee, dubbachuus jalqabe; Yesus akkasitti haadha isaatiif isa deebise. 16 Hundumti isaaniis, na'anii, "Raajiin guddaan nu keessaa ka'eera; Waaqayyo saba isaa ilaaleera" jedhanii Waaqayyoof hooqubaa dhi'eessan. Dubbiin kunis guutummaa biyya Yihudaa fi naannoo biyya sana hundaa ga'e.” Luqaas 7:15-17

Hammam illee tuutti sun Yesusiin “ulfeessus” — “Namni anatti amanu akkasuma haa godhu! Macaafni akkuma dubbate, 'Yaa'aan bishaan jiraataa garaa isaa keessaa in burqa" jedhe. Inni dubbii kana waa'ee Hafuura Qulqulluu, isa warri isatti amanan fudhachuuf jiraniif dubbate; inni iddoo ulfina isaatti waan ol hin fudhataminiif, Hafuurri Qulqulluun amma iyyuu hin kennamne ture.” (Yohannis 7:38-39) akkamiin Yesus ulfaachuu danda'aa, garuu hin **ulfaatiin** jira moo?

Jechi kun haala adda addaa keesatti kayyoo garaa garaatiif gargaaru ni danda'a. Namoonni Waaqayyoon kan ulfeessan ulfina Yesusiifi. “Waangeelli Yohaannis Yesus akka inni ulfina adda Waaqayyo biraa qabutti kunis eenyu iyyuu ulfina qabutti adda kan ta'e akka ta'etti dhiyeessa — “Sagalichis nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate. Ulfina isaa isa ayyaanaa fi dhugaadhaan guutes argine; ulfinni isaas isa Ilmi tokkichi Abbaa isaa irraa argatu ture.” (Yohannis 1:14) Dinqiis Yesus dalaqaa ture mul'achuu ulfinasaa ture — “Yesus milikkita argisiise hundumaa keessaa isa jalqabaa kana Qaanaa Galiilaatti hojjete, ulfina isaa mul'ise, bartoonni isaas ittumaa isatti

amanan.” (Yohannis 2:11 Du’aa fi du’aa ka’uusaa booddee, Yesus bartootasaa waa’ee ulfina itti seenuuf jiru Kakuu Moofaa keessaa barsiisaa ture – “Inni immoo, 'Isin gowwoota attamii ti, waan raajonni jedhan hundumaas amanuudhaaf yaadni garaa keessanii attam daagii dha. Kristos kun kana hundumaa dhiphatee ulfina isaatti akka galu, barbaachisaa hin turre moo ree?’ isaaniin jedhe. Innis macaafa Musee fi macaafota raajotaa hundumaa keessatti iddoo itti waa’ee isaatiif dubbatu hundumaa isaaniif hiike. (Luqaas 24:25-27) akka Yohannis 7:39 Yesus yeroo du’aa ka’e “ulfaateera.” Inni Abbaan hojjii itti erge raawwateera. Yesus gatii cubbuu kaffalee du’a moo’eerra. Waanta Yesus dalage keessa tokko guyyaadhuma du’aa ka’uusaa galgaluma sana bartootasaatti hafuurasaa baafate isaanis Hafuura Ququlluu fudhatan.

Yesus fannoo irratti du’uusan akkasumas du’aa ka’uusaan balballi ulfinaa KIRSTAANOTAA hundaaf baname. Phawulos warra Roomaaf waa’ee **ulfinaa** amanaa hundaaf dhufuuf jiru yeroo barreessu – “Warra duraan dursee beekumsa isaatiin fo’ate, fakkaattii ilma isaa isa obboloota baay’eedhaaf angafa ta’uuf jiru, akka ta’aniif yaadaan isaan qabe. Warra yaadaan isaan qabe immoo waameera; warra waame immoo qajeelota isaan godheera; warra qajeelota godhe immoo ulfinaan isaan ga’eera.” (Roomaa 8:29-30) jechi ulfinaan isaan ga’eera jedhu (*edoxasen*), kan kanaan dura taasifame akka ta’etti jechi afaan Giriikii kun ibsa. Nuti **ulfina bira geenyeera!** Waaqayyo kana hunda keenyaaf godhe – inni dursee nu bare nuuf murteesse, qajeela nutaasise ulfina biraan nu ga’e. Waaqayyo **qajeelaa nu taasisuusaa** (iddo sirrii waaqayyoon bira nu kaa’ee), haa ta’u iyyuu malee **ulfina bira geenyee** jechuun maal jechuudhaa? Torbee kana

keessa dursinee ilaalleerra akka Waaqayyo qajeelota nu taasise (inni iddoo sirrii Waaqayyoon dura nu dhaabeerra), garuu nuti **ulfina bira** geenyeerra jechuun maalii?

Hundeen “ulfina bira ga'uu” keenyaa yaada Waaqayyo nuuf qabu; inni waa'ee keenya yaaduu isaati. Nuti isa biratti “ulfaatinaa” fi “gatii” qabna. Maaliif? Sababbi isaa gatii ilama isaa, Yesus keessa ka'eera waan ta'eef. Mee luqqisa armaan gadii qajeelinaa fi ulfinaan ga'a. Phawulos kan jedhu waa'ee egeree keenya Waaqayyoo wajjinii.

“Kana hundumaa irratti Waaqayyo gara keenya erga ta'ee, eenyutu nu irratti ka'a jenna ree? Waaqayyo ilma isaa utuu hin mararsiifatin hunduma keenyaaf dabarsee erga kennee, waan hundumaas immoo ilma isaa wajjin tola nuuf hin kennuu ree? Warra Waaqayyo fo'ate eenyutu hadheessa ree? Erga Waaqayyo akka waan balleessaa hin qabneetti isaan lakkaa'ee, kan hadheessu hin jiru. Eenyutu itti farada ree? Erga Kristos Yesus du'ee kaafamee immoo gara mirga Waaqayyootti argamee Waaqayyoon nuuf kadhatee, kan itti faradu hin jiru. Eenyutu jaalala Kristosittii gargar nu baasa? Gidiraan yookiis muddamni, ari'atamuun, beelli yookiis qullaa ta'uun, sodaachifamuun yookiis billaan gargar nu baasuu danda'aa ree? "Sababii keetiif namoonni guyyaa guyyaatti nu keessaa in ajjeefamu, akka hoolota qalamuuf jedhaniitti lakkaa'amnee jirra" kan jedhu caafameera. Waan nu irra ga'e hundumaatti garuu, karaa isa nu jaallatee mo'icha guddaa arganna. Duuni, jireenyi, ergamoonni waaqa irraa, warri bantii waaqaa keessatti aboo qabu jedhamanii sodaataman, wanti amma jiru, wanti dhufuuf jirus hundinuu, wanti humna argisiisuu danda'us, jaalala Waaqayyoottii gargar akka nu hin baafne ani beeka. Wanti ol ka'ee jiru, wanti gad fagaatee jirus, uumama

keessaa wanti biraas, jaalala Waaqayyoo isa karaa gooftaa keenyaa Kristos Yesus nuuf dhufettii, danda'ee gargar nu hin baasu.” Roomaa 8:31-39

Kun Ulfina! Du’a dabalatee – homtinuu jaalala Kiristoosittii gargar nu baasuu hin danda’u. Du’i nuuf ulfina malee adda ba’uu miti.

“Nuyi hundumti keenya in geddaramna malee, hin duunu; dhoksaan ani isinitti himuuf jedhes isa kana. Malakanni inni dhumaa yommuu afuufamu, battala liphsoo ijaatti in geddaramna; malakanni in afuufama, warii du’an immoo bifa hin badneen in kaafamu. Wanti hin badne, iddoo wanta badu kanaa, wanti hin duune iddoo wanta du’u kanaa bu’uutu ta’a . Wanti hin badne iddoo wanta badu kanaa yommuu bu’u, wanti hin duunes iddoo wanta du’u kanaa yommuu bu’u, inni, "Duuni badduu ba’e, mo’ichi argameera" ammas immoo, "Mo’ichi kee meerree, yaa du’aa? Arfiin kees meerree yaa du’aa?" jedhamee caafame fiixaan ba’eera. Arfiin du’atti nama oofu cubbuu dha; cubbuu kan humna godhachiisus seera. Waaqayyoo isa karaa gooftaa keenya Yesus Kristos mo’icha nuuf kennuuf immoo galanni haa ta’u.” 1 Qorontos 15:51-57

Kutaa kana yeroon dubbisu yaadannoo addaatu natti dhaga’ama. Refeensa kootu ka’ee dhaabata. Kun egeree keenya! Akkasumas ulfina keenya! Phawulos kan barreessu dacheen kun lafa ammaa irratti Waaqa jiraata itti tajaajillu male, galma keenya xumuraa miti. Nuti Yesus dhufee gara waaqaatti ol nu fudhata jennee eegaa jirra — “Nuyi garuu nama biyya waaqa irraa ti; "Gooftaan keenya fayyisaan

keenya Yesus Kristos achi nuuf dhufa" jennee eegganna. Inni humna isaatiin bifa dhagna keenyaa isa gad deebi'aa diddiiree, akka dhagna isaa isa ulfina-qabeessaa gochuu in danda'a; humna kanaanis waanuma hundumaa of jala in galeha." (Filiphisiyyus 3:20-21)

Samiin mana keenya isa dhugaati. Dacheen bakka nuti itti foonii fi hafuuraan dhallanne, garuu mana keenya miti. Asitti nuti bayye hojjechuu qabna –“Nuyi hojii harka isaatii, hojii gaarii isa Waaqayyo duraan dursee qopheesse keessa akka deddebinuuf karaa Kristos Yesus uumamne.” (Efesoon 2:10) – garuu yeroo hojii keenya raawwaannu Yesus isa wajjin baraa hamma bara baraatti akka jiraannuuf gara waaqarratti ol nu fadhata .

“Nuyi amma dubbii gooftaa keessaa waan arganne isinitti himuuf jenna; nuyi warri gaafa gooftaan deebi'ee dhufu utuu hin du'in jirru, warra obbaafatan dura hin buunu. Sagaleen guddisee nama abboomu, sagaleen angafa ergamootaa in dhaga'ama, malakanni Waaqayyoos in afuufama. Kana hundumaa wajjin gooftaan waaqa irraa gad in bu'a; warri Kristositti amananii du'an dura in kaafamu. Kana booddee nuyi warri utuu hin du'in hafne immoo, isaanumaa wajjin qilleensa keessatti gooftaa simachuudhaaf duumessa keessa ol in butamna; ergasii yeroo hundumaa gooftaa bira in jiraanna. Kanaafis dubbii kanaan wal jajjabeessaa!” 1 Tasaloniiqee 4:15-18

Jechooti kun sirritti Kiristaanota jajjabeessu. Abjuun fuula Fayyisaa fi Gooftaa keenya Yesus Kristos dura dhaabachuu yeroo itti

dhugoomuudha. Isa wajjin ta'uf – isa arguuf, isa dhaga'uuf, isa tuquuf, isa wajjin deemuuf – kun DNA hafuura isa gad fagoodha. Yeroo sagalee malakataa fi ilillee dhageenye isa wajjin bara baraan jiraachuuf ol-kaanu gammachuun keenya guutuu ni ta'a.

“Ati Waaqarra Jirta” kan jedhu irra butaan ilaalla

Kutaa kana kutaa isa ati printi goodhatee harkatti fudhachuu qabduudhaa. Priint godhi, deebii itti guutii, baasii dubbisi yoom iyyuu jireenyi kee samii keessa akka waan jiruutti jechoota mataa keetiin of-yaadachiisi.

Waaqarratti waan fakkaattu al tokko akka itti yaaddun barbaada. Yoo barbaadde, ija kee cufadhu. Garuu waaqarratti of ilaalli.

Maal fakkaata?

Bifti rifeensa kee maal fakkaata?

Iji kee maal fakkaata?

Fuula ifaa hammam gudadutu fuula keerraan mul'ataa?

Dulloomaa moo dargaggeessa taate of-agrte?

Yeroo ilaaltu dheeraa immoo gabaabaadha ati?

Harki kee maal fakkaata?

Waaqarratti harka yeroo ruktan miira akkamiitu sitti dhagaa'ama?

Sagaleen kee akkam ta'e sitti dhaga'ame?

Waaqarratti farsuu jaallatteetaa?

Farsaa kamfaatu filannoo kee ta'e?

Uffannaan kee maal ture?

Yeroo hundaa uffata akaakuu tokko immo ni jijjiirratta?

Uffannicha jaallateettaa?

Waaqarratti kophee keewwachuun jiraayi?

Waaqarratti fayyaan kee kan yeroo laffarra jirtu caalaa fooyyee hin qabduu?

Waaqarratti dhukkubi sitti dhaga'amee jiraa?

Waaqarra jiraachuuf gammachuu qabdaa?

Biyya lafaa in yaadaa?

Qilleensi waaqarraa maal maal urgaa'aa?

Sgalee akkamii naannoo keetii dhageessaa?

Sagalee dhageesseettaa?

Waa'een muziqaa woo?

Mee adeemsa waaqa keessaa deemuu eegali. Maal argite?

Xiqqaa moo guddaa?

Daandiin achii maaliin hojjetaman?

Ijaarsa manneetii agarte qabdaa? Maalfayi isaan?

Paarkii (buufata bineeldotaa) argiteettaa? Achitti maal goote?

Daandii waaqarraa keessa eenyu ituu sii wajjin adeemuu argite?

Nama beektu kan argite qabdaa?

Isaan sii wajjin michuudhaa?

Waa'ee warra si hin beekneewoo?

Isaanii wajjin dubbachuun salphaa ni ta'aa?

Macaafa Qulqullu keessaa namootin 10 jalqabaa ati waaqarratti quunnamte eenyufayi?

Isaan maal siin jedhan?

Ati isaaniin maal jette?

Erga waaqarra deemte si'a meeqa Yesusii wajjin duddubatte?

Inni maal siin jedhee?

Maal jetteenii turte?

Yesus samii keessatti maal fakkaata?

Bakka Yesus jiru jiraachuu keef gammachuun sitti dhagaa'ameeraa?

Ergamootni maal fakkaatu?

Sagaleen isaanii maal fakkaata?

Isaan akkamiin sii fi amantoota tajaajiluu?

Waaqarra deddeebi'uu keessa nageenyi sitti dhagaa'meeraa?

Maaltu dhugama maaltu nyaatama waaqarratti?

Akkamiin wal dorgomsiifta jireenya laffarraa qabda turtee wajjin?

Waaqarraa eessa jiraattaa?

Manna akkamii keessa jiraatta achitti?

Eenyufa'i hollaani kee?

Namoota gaariidhaa?

Namoota maatii kee fi hiriyoota kee lafarraa akkasumas warra waaqarra jiraatanii wajjin dubbateetaa?

Isaan akka nama waaqarra jiraatuutii?

Erga jireenya waaqarraa eegaltee hiriyyaa haaraa ati uummatte jiraayii?

Eenyufayi?

Hiriyoota kee wajjin argamuu keetti ni gammaddaa?

Attis hiriyyoonni kees waaqarratti waan wayyu kan isaa godhan maali?

Yeroo gaarii qabaatteetaa?

Waaqarratti hojii hojjetu qabdaa?

Maal hojjetta?

Jiruu kee jaallattettaa?

Waanti hedduu wayya'uu waaqarratti dalagamu maalii?

Maatii kee fi hiriyyoota kee tiif murtoo kennaa Waaqayyoo fudhachuudhaan waaqarra jiraachuu akka murteeffatan ni hawwitaa?

Waaqarra jirachuun maal akka fakkaatu itti himi ituu siin jedhamee maal jettee itti himta?

Sababbi ani ilaalcha irra butaa waaqarraa kan dhuunfaa si waliin qooddachuu barbaaddeef waaqarra jiraachuun bakka sirrii ta'uu isa akka ati hubattu si gargaaruufi yoo Kiristaana taate, samiin mana kee barabaraat. Inni ammas dhugaadha yeroo achi deemtus dhugadhuma qabatamaadha. Ani waanti na gammachiisu tokkichi waaqarra waa'ee deemuuti. Anaaf dhugaa qabatamaadha, sirritti dhugaa qabatamaadha. Ituma anaa fi ati carraa laffarratti wal arguu iyyuu hin argannu ta'ee waaqarratti na ilaali. Waan baayye waan walii dubbannu qabna. Namoota waaqarra jiraachuun iddoo dhugaa isaa qaqabatamu ta'u isaa baruu barbaadan jireenya kee keessatti yaadi me. Isaan murtoo barbaachisaa fudhachuu qaban.

Copyright © 1990-2015 GraceLife Ministries

“Scripture taken from the New King James Version. Copyright © 1982 by Thomas Nelson, Inc. Used by permission. All rights reserved.”